# City of Minneapolis

**Marii waliigaltee yaada ummataa**

Waa'ee waliigaltee haaraa poolisii waliin taasifame ilaalchisee yaada keessan ni simannaa

**Waan beekuun barbaachisu**

Magaalaan Minneapolis fi gamtaan Qondaaltota Poolisii waliigaltee haaraa irratti mari'achaa jiru. Yaadni hawaasaa, qajeelfamni, fi ilaalchi argame waliigaltee poolisii haaraa ni beeksisa. Magaalattiin Federeeshinii Qondaaltota Poolisii Miniyaapoolis (POFM) waliin yeroo mari'atan yaada keessa ni galcha.

Waa'ee adeemsa marii kanaa beekuu/**Learn about the negotiation process**

**Yaada kennuu**

Yaada keessan walgahii dhaggeeffannaa hawaasaa irratti ykn unka yaada toora interneetii irratti guutuudhaan kennuu dandeessu.

**Kutaa dhaggeeffannaa**

Yoomii fi eessatti akka hirmaattan ilaalaa /**See when and where to participate**

**Unka yaadni irratti kennamu**

Magaalattiin jiraattotaaf waliigaltee poolisii haaraa keessatti hammachuudhaaf waan barbaachisaa ta'e dhaga'uuf fedhii qabdi.

Yaada kennuu dandeessan, waa'ee:

- Itti gaafatamummaa
- Qacarrii fi tursiisaa
- Fayyaa Sammuu

**Yaadni keessan galmee ummataati .**

Magaalattiin galtee hawaasaa simattee jajjabeessiti. Odeeffannoo yeroo kennitanitti eenyu yaada akka kennu fi meeshaan sun akkamitti akka dhiibbaa taasisu beekuun ni gargaara. Yaadni argame kamiyyuu qaama galmee ummataa akka ta'u beekuun barbaachisaa dha. Sunis maqaa fi teessoo imeelii keessanii dabalataan yoo kennitan. Odeeffannoo ummataaf ifa ta'u qofa dabalaa.

**Bifa dhaqqabamaa ta'e gaafachuu .**

Yoo odeeffannoo kanaan gargaarsa kan barbaaddan ta'e, maaloo imeelii (**email 311**), irratti taasisaa ykn gara 311 ykn **612-673-3000** bilbilaa.

Mee bifa/foormaatiin akkamii akka isin barbaachisu nuuf himaa. Teeknooloojii gargaarsaa akkamii fayyadamtu yoo dubbattan nu gargaara .

**Unka kan Yaada Uummataa**

**Marii waliigaltee poolisii yaada ummataa**

Galtee keessan kontiraata poolisii haaraa wajjin walqabatee jiru isiniif dhiheessa .

Yaadni dhiyaate kamiyyuu qaama galmee ummataa ta’a. Sunis maqaa fi iimeelii keessan yoo kennitan ni dabalata. Odeeffannoo ummataaf ifa ta'e qofa dabalaa .

Maqaa

Waardii

**Itti Gaafatamummaa**

Magaalattii fi Federeeshiniin gocha poolisii ogummaa fi kabaja akka qabu mirkaneessuuf fedhii qabu. Kunis, jiraattotaa fi qondaala poolisiif itti gaafatamummaa qaban gidduutti amantaa akka qabaatan taasisa. Itti gaafatamummaa naamusa gaarii hin qabne, yaaddoo ijoo ta’uu isaa irratti waliigalla. Hojjettoonni hundi tarkaanfii naamusaatiif adeemsa haqa qabeessaa fi wal irraa hin cinne argachuun isaaniif mala. Kontiraatni seektara mootummaa Minnesota keessatti argaman hundi dandeettii poolisoonni naamusa ol’iyyannoo dhiyeessuu ilaalchisee tumaalee addaa barbaadu. Magaalattiin imaammata naamusaa waliigalteetiin alatti qabdi. Kunis magaalattiin imaammata keessatti haala mijataa akka eegdu taasisa.

Magaalattiin itti gaafatamummaa fooyyessuuf tarkaanfii akkamii fudhachuu dandeessi jettanii yaaddu?

**Qacarrii fi tursiisuu**

Qondaalli Poolisii ogummaa addaa kan qaban yoo ta’u kunis guutuu Isteetaafi sabaatti fedhii guddaa qaba. Magaalattiin, namoonni yaada hawaasaa qaban kanneen ulaagaa keenya guutan Kutaa Poolisii keenyatti akka makaman barbaada. Gahumsi amma Poolisii Minneapolis ta’uuf qaban leenjii ogummaa mootummaan ajajamee fi ulaagaalee qacarrii barbaachisan of keessatti qabata. Digrii walta’iinsaa Seera Kabachiisuutiinis barbaachisaadha. Gabaa ogummaawwan kanaa baayyee dorgomaa ta’ee jira. Magaalattiin karaalee Poolisii itti qacaranii tursiisan irratti xiyyeeffachuu qaba.

Akkamitti namoota gara ogummaa poolisiitti bobbaafna? Hojjettoota yeroo ammaa poolisii ta’an akkamitti tursina?

**Yaada kan waa’ee fayyaa sammuu**

Hojiin Poolisummaa hojii ulfaataadha. Qondaaltota Poolisii haala dhiphisaa fi taateewwan nama jeeqaniif saaxila. Magaalaa fi Federeeshiniin, poolisoonni fayyaa sammuu gaarii akka qabaatan gochuuf fedhii qabu. Kunis kan hayyamu, jiraattotaa fi daldaltoota magaalichaaf tajaajila fooyya’aa ta’e kennuudhaaf. Magaalichaa fi Federeeshiniin gara fuulduraattis karaalee fayyaa sammuu fooyyessuu danda’an irratti hojjechuu itti fufaniiru.

Faayidaa ykn leenjii fayyaa sammuu gosa akkamii Magaalattiin namoota seera kabachiisuu fi nageenya hawaasaaf itti gaafatamummaa qabaniif kennuu danda’a jettanii yaaddu?

**Yaada dabalataa**

Yaada dabalataa qabduu?

Yaada olfe’uu(Upload a statement)